# سُورَةُ الطَّلَاقِ
# Suuraa Xalaaq

| | |
|---|---|
| *Dura dursoo suuran tun { suuratux-xalaaq} je'arnti, | قبل كل شئ هذه سورة الطلاق |
| *Isiin Suuraa madiina'aati. | وهي سورة مدنية |
| *Aayaanni isi'ii kudha lama {12}. | وآياتها ( ١٢ ) آية |
| *Lakkooysi isi'ii jahaatamii shani {65}. | وترتيبها ( ٦٥ ) |
| *Isiin eega suuratuttaghaabuni buute. | نزلت بعد سورة التغابن |
| * Jalqabni dubbiidhaa maqaa Rabbiitii . | بِسۡمِ ٱللَّهِ ٱلرَّحۡمَٰنِ ٱلرَّحِيمِ |
| *Yaa ergamaa Rabbii.siifii ummanni kee. | يَٰٓأَيُّهَا ٱلنَّبِيُّ |
| *Yoo beera hiikuu feetan, tan itti ida'am-tanii jirtan. | إِذَا طَلَّقۡتُمُ ٱلنِّسَآءَ |
| *Waytii.yaroo ,isiin iddaa isiidhaa lakkaa-wwatuu jalqabuu.dandeessu hiikaa,sun yaroo dhiiyni aada'aa irraa cite odoo ittin ida'amne , yookaa wajji hin rafne , hiikuu akka hadiisatti odeeffame. | فَطَلِّقُوهُنَّ لِعِدَّتِهِنَّ |
| *Iddaa akkaayaa waytii hiikkan argamte hubadhaa. akka achirraa taakka jettan .warri lakkaayu'utti ajajame jaarsaa jaarti'i akka yoo deeffatuu fedhe, odoo iddaan hin dhurnne .itti deebi'u. takkaa deeffatu. | وَأَحۡصُواْ ٱلۡعِدَّةَۖ |
| *Rabbii keessan sodaadhaa waan inni itti ajajeefii, waan inni irraa dhoowwi kessatti | وَٱتَّقُواْ ٱللَّهَ رَبَّكُمۡۖ |
| *Beera hiytan, mana keessatti hiikan ke-essaa hin baasinaa. | لَا تُخۡرِجُوهُنَّ مِنۢ بُيُوتِهِنَّ |
| *isiinis, mana itti hiikkamte keessaa hin bayin , hanga iddaan isi'ii dhumutti . | وَلَا يَخۡرُجۡنَ |
| *Yoo dilii mul'attuu dalayde malee sun | إِلَّآ أَن يَأۡتِينَ بِفَٰحِشَةٖ مُّبَيِّنَةٖۚ |

zina'aa gaafas isii qixaaxu'uufni bafamti.takkaa {faahgishaa} jechuun nama kan akka warra jaarsaa,faa dhibuu. arrabaafii, waan biralle'een kun waan shaafi'iin je'e gaafas ni baafamti.haala hammaatuu isi'iitii jecha.

وَتِلْكَ حُدُودُ ٱللَّهِ ۚ

*Wanni dubbannee dabarsine sun, seera rabbiin kaaye.wasana isaatii irraan hin tarkaanfatinaa .

وَمَن يَتَعَدَّ حُدُودَ ٱللَّهِ

*Duuba namni wasana inni kaayerraan tarkaafate .

فَقَدْ ظَلَمَ نَفْسَهُۥ ۚ

*Dhugumaan lubbuu isaa galaafate akka qixaaxamtu godhee .

لَا تَدْرِى لَعَلَّ ٱللَّهَ يُحْدِثُ بَعْدَ ذَٰلِكَ أَمْرًا ﴿١﴾

1}*Waan Rabbiin eega takkatti yookaa ; lamatti hiikee fidu ati hin beytu, wanni Rabbiin eega isii hiikee fidu, Rabbiitu beekaa isii deeffatuu qalbii isaa keessa buusuu .eega isii jibbee hiikee isii jaalatee deeffatuu , qalbii isaa keessatti darbuu .sun waan Rabbiin qofti dandayuu.

فَإِذَا بَلَغْنَ أَجَلَهُنَّ

*Beerri hiikkame , yoo iddaan isi'ii dhumu'utti dhiyaate .

فَأَمْسِكُوهُنَّ

*Beera sanitti deebi'aadhaa ,odoo iddaan hin dhumne qabadhaa afaanin itti deebitanuu dalaga'aan itti deebitanuu .

بِمَعْرُوفٍ

*Karaa gaari'iin.haala gaari'iin wajji jiraatu'uufii , cinqii isi'ii ba'atu'uun.kan isii hin miine , deeffadhaa.

أَوْ فَارِقُوهُنَّ بِمَعْرُوفٍ

*Takkaa deeffatuu dhiisa'aa nagayaan adda bayaa. Odoo hin deeffanne iddaan isi'ii dhumu'uun .

وَأَشْهِدُوا۟ ذَوَىْ عَدْلٍ مِّنكُمْ

*Hoggaa beera tokkotti hiiytan deeffatt an, takkaa hoggaa adda baatan nama lama dhiira ,ragaa godhaa. Hiikka'aafii, deeffatu'urratti ragaa baasun, sunna'aa dirqamaa miti.

وَأَقِيمُوا۟ ٱلشَّهَٰدَةَ لِلَّهِ ۚ

*Rabbii je'aatii, waan agartan raga bayaa nama isaaf ragaa baataniifii, nama irratti baatan hin laalina'aa. cinqii ragaa bayuun sinitti fidu, Rabbumaa je'aadhaa ba'adhaa.

ذَٰلِكُمْ يُوعَظُ بِهِۦ

*Waan dubbanne saniin ni gurfama .

مَن كَانَ يُؤْمِنُ بِٱللَّهِ وَٱلْيَوْمِ ٱلْءَاخِرِ ۚ

*Namni Rabbiifii guyyaa borutti kan amane taye.ammoo namni Rabbiifii , guyyaa qiyaama'aa hin dhugo'oomsin , kan kaafameetin, waanan dalagerraa gaafatamaa hin yaanne , shari'aa Rabbii tanatti hin fayyadamu .

وَمَن يَتَّقِ ٱللَّهَ

*Namni Rabbi sodaatee,wasana inni kaa-yerratti dhaabbate .

يَجۡعَل لَّهُۥ مَخۡرَجٗا ٢

2}*Karaa rakkoo ddunya'aa aakhiraadhaa jalaa itti bayu isaaf godha.

وَيَرۡزُقۡهُ مِنۡ حَيۡثُ لَا يَحۡتَسِبُۚ

*Ammallee bakka wahin rraa argadhaa hin yaannerraa rizqii isaaf hira.akka shin-birroo bakka isiin hin .yaannerraa razaqu.

وَمَن يَتَوَكَّلۡ عَلَى ٱللَّهِ فَهُوَ حَسۡبُهُۥٓۚ

*Namni Rabbitti irkate, Rabbiin isaaf ga-yaa hin rakkatu

إِنَّ ٱللَّهَ بَٰلِغُ أَمۡرِهِۦۚ

*Rabbiin dubbii isaa bakkaan gayaa na-mni waan inni fedhe dalagu'urraa,isa dho-owwu, hin jim, kan maa waan kana akk-ana goote je'ee isa komatu hin jiru .

قَدۡ جَعَلَ ٱللَّهُ لِكُلِّ شَيۡءٖ قَدۡرٗا ٣

3}*Rabbiin,waa hundaaf ,hanga beekka-maa ,waytii beekkamtuu, godhee jira ,Ra-kko'oofii, bal'innilleen, hanga itti dhumtu qabdi kan Rabbii muree dabarse,odoo wanni sun hin argamin

وَٱلَّٰٓـِٔي يَئِسۡنَ مِنَ ٱلۡمَحِيضِ مِن نِّسَآئِكُمۡ

*Dhalaan dhiiyni aada'aa irraa cite, beera keessanirraa amatajahaatama geessee, takkaa eega shantama geessee dhiiyni irraa cituu hubatte , takkaa qurxiidhan akka irraa cite nuu himte , maalif dhi-iyni isi'ii kan shantamii gadii dhiiga aada'aati.kan jahaatamii olii,dhiiga aad-a'aatii miti.waan sha ntamaafii jahaatama jiddu'uu isii gaafanna.duuba yoo dhiiga sani jette dhiiga isiin jette san taya. hoggaa taan dhiiga aada'aatii mitii dhalaa dhiiyni irraa citi je'arntee .

إِنِ ٱرۡتَبۡتُمۡ

*Duuba yoo iddaa isi'ii keessatti. Shak-kitan , hanganaa wallaaltan ,sababaa dhii-yni irraa citu'uutin.

فَعِدَّتُهُنَّ ثَلَٰثَةُ أَشۡهُرٖ

*Iddaan isi'ii eega hiikkamtee , baatii sa-dii taa'uu.

وَٱلَّٰٓـِٔي لَمۡ يَحِضۡنَۚ

*Dhalaan hiikkame kan takkaa dhiiyni ittin dhufin joollummaa fa'aaf iddaan isi-'iitis baatii sadii.yoo dhalaa jaa rsi irraa du'e hin tayin yoo taate , iddaan isi'ii baa-tii afuriifii guyyaa khahani.

وَأُوْلَٰتُ ٱلۡأَحۡمَالِ أَجَلُهُنَّ أَن يَضَعۡنَ حَمۡلَهُنَّۚ

*Beerri ulfaa yoo hiikkame takkaa jaarsi

irraa du'e iddaan isi'ii ilmoo san dhalu'uun dhuma. yoo amma hiikee amm-uma dhalte iddaan isi'ii dhume.yoo isii amma ulfooyte irraa du'e takkaa hike iddaan isi'ii hanga dhaltutti hin dhumu .heera kana fiqhii keessa laalaa.

وَمَن يَتَّقِ ٱللَّهَ يَجۡعَل لَّهُۥ مِنۡ أَمۡرِهِۦ يُسۡرٗا ﴿٤﴾

4}*Nama Rabbi sodaatee, waan inni je'u dhagayaa rabbiin amrii isaa yookaa dubbii isaa, tan addunya'aa aakhira'aa isaaf laaffisaa , inni rakkoo hin arguu, waa takka ittin jabaatu.

ذَٰلِكَ

*Heerri iddaa ,dhalaa hiikkamee sun.

أَمۡرُ ٱللَّهِ

*Firdii Rabbiiti.waan inni muree dabarse

أَنزَلَهُۥٓ إِلَيۡكُمۡۚ

* Kan isiniif buuse , isiniif addeesse,

وَمَن يَتَّقِ ٱللَّهَ

*Rabbiin nama dubbii isaa dhagayee , dalaga'arraa oolche

يُكَفِّرۡ عَنۡهُ سَيِّـَٔاتِهِۦ

*Dilii,yookaa cubbuu isaa isaaf araarama.

وَيُعۡظِمۡ لَهُۥٓ أَجۡرًا ﴿٥﴾

5}*Sawaaba isaaf guddisa jannata isaaf kenna.

أَسۡكِنُوهُنَّ مِنۡ حَيۡثُ سَكَنتُم

*Beera hiikkame,cinaa mana isin keessa galtanii , keessa galchaa.

مِّن وُجۡدِكُمۡ

*Hanga dandeytii, yookaa humna teessanitti.

وَلَا تُضَآرُّوهُنَّ

*Ittin rakkisinaa , hin dararinaa .

لِتُضَيِّقُواْ عَلَيۡهِنَّۚ

*Iddaa isi'itti dheeressitanii rakkisuuu jecha mana isiin keessa gal tutti itti rakkisu'uun manaa irraa bayu'utti isii dirqu'uu jecha, if jibbisiiftanii .yookaa qallaba itti xiqqeessitanii. akka isii miidhun hoggaa iddaan isi'ii dhumu'uuf guyyaan lama faan hafe.isii deeffatanii ammas hiikuu.akka iddaa haarawa lakkaawwatuu ,jalqabdu .kun hundinuu ,waan Rabbiin irraa dhoowwe .

وَإِن كُنَّ أُوْلَٰتِ حَمۡلٖ

*Beerri hiikkame,yoo kan ulfa qabu taye

فَأَنفِقُواْ عَلَيۡهِنَّ

* Isii nafaqaa yookaa qallabaa .

حَتَّىٰ يَضَعۡنَ حَمۡلَهُنَّۚ

*Hanga waan gara'aa qabdu ,dhaltutti . ammoo eega dhaltee .

فَإِنۡ أَرۡضَعۡنَ لَكُمۡ

* Yoo ilmoo dhalte san, isiniif hoosifte.

فَـَٔاتُوهُنَّ أُجُورَهُنَّ

*Mo'oya isi'ii kenna'aaf,waan ilmoo isiniif guddiftuuf.

وَأۡتَمِرُواْ بَيۡنَكُم بِمَعۡرُوفٖ

*Waan joolle'ee tolu keessatti,isiniifii beerri isinii hoosisu, wal gorsaa.wal mariyadhaa. wal tayaa.waan hoosiftuun beekkamaa waliin muraa.

وَإِن تَعَاسَرۡتُمۡ

*Yoo wal tayuu dhabdanii .wal diddan, abbaan horii isiin barbaadde kennu'uuf didee .isiin san malee hoosisuu diddee, wal rakisanii wal tayuun jabaate .

فَسَتُرۡضِعُ لَهُۥٓ أُخۡرَىٰ ٦

6}*Beera biraatitu, isaaf hoosisa ammo yoo beera biraa tan hoosiftu dhaban, haati hoosisu'utti dirqamteeti, abbaan mu'uya isi'ii kennu'utti dirqama.akka dahhaak je'etti

لِيُنفِقۡ ذُو سَعَةٖ

*Namni horii guddaa qabu kan itti bal'o-'oo, beera hiikkameefii, beera isaaf hoosisu. haa qallabuu.{nafaquu}

مِّن سَعَتِهِۦۖ

*Waan qaburraa.itti bal'isee

وَمَن قُدِرَ عَلَيۡهِ رِزۡقُهُۥ

*Namni rizqiin isaa itti rakkifamte , hiyyeessi

فَلۡيُنفِقۡ مِمَّآ ءَاتَىٰهُ ٱللَّهُۚ

*Waan Rabbiin isaaf kennerraa, hanga humna isatti haa qalla buu .if dhibu'uun male'etti.

لَا يُكَلِّفُ ٱللَّهُ نَفۡسًا إِلَّا مَآ ءَاتَىٰهَاۚ

*Rabbiin nam tokkollee ,waan isaaf Kennetti malee, waan biratti hin dirqu , waan dureessa itti dirqutti , hiyyeessa hin dirqu, namuu hanga dandayutti ajaja Rabbii dalaga

سَيَجۡعَلُ ٱللَّهُ بَعۡدَ عُسۡرٖ يُسۡرٗا ٧

7}*Rabbiin eega rakkoodhatii bal'oo fida .eega jabaattee laafina fida eega hiyyumma'aatii, durummaa fida. Tanaaf jecha Rabbirraa , garaa muratuun dhowwama.

وَكَأَيِّن مِّن قَرۡيَةٍ

*Biyya hedduu hedduuutu jira biyyoota ummata durirraa warra gandoota, ummata dabree, heddu'uutu jira .akka biyya luux , biyya saalih , biyya fir'awnaa, biyya iram

| | |
|---|---|
| *Tan amrii Rabbiitifii, amrii yookaa ajaja ,ergamoota Rabbii isi'ii diddee ,jallattee, jail ina keessa wasana baate. | عَتَتۡ عَنۡ أَمۡرِ رَبِّهَا وَرُسُلِهِۦ |
| *Duuba warra biyya sanii ,waan balleessanirraa gaafii jabduu isan gaafannee guyyaa qiyaama'aa,azaaba itti murree. | فَحَاسَبۡنَٰهَا حِسَابٗا شَدِيدٗا |
| 8}*Azaaba ibiddaa hama'aan isaan qixaan'e azzabne. | وَعَذَّبۡنَٰهَا عَذَابٗا نُّكۡرٗا ٨ |
| *Duuba qixaaxa kufrii isi'ii dhandhamte | فَذَاقَتۡ وَبَالَ أَمۡرِهَا |
| 9}*Boodden isi'ii khasaaraa yookaa badii taate | وَكَانَ عَٰقِبَةُ أَمۡرِهَا خُسۡرًا ٩ |
| * Rabbiin azaaba jabaa ummata biyyoota saniitif qopheesse. | أَعَدَّ ٱللَّهُ لَهُمۡ عَذَابٗا شَدِيدٗاۖ |
| *Yaa warra aylii guutuu qabu Rabbi sodaadhaa. | فَٱتَّقُواْ ٱللَّهَ يَٰٓأُوْلِي ٱلۡأَلۡبَٰبِ |
| *Isin yaa warra Rabbitti amane . | ٱلَّذِينَ ءَامَنُواْۚ |
| 10}* Rabbiin dhugumaan qur'aana isinii buusee jira. | قَدۡ أَنزَلَ ٱللَّهُ إِلَيۡكُمۡ ذِكۡرٗا ١٠ |
| *Ergamaa isaa Muhammad isinii ergee jira. | رَّسُولٗا |
| *Kan aayaata qur'aana Rabbii bayaana ,adda, babayaa isinirratti qara'u .kan heera adda babaasee, isin barsiisu . | يَتۡلُواْ عَلَيۡكُمۡ ءَايَٰتِ ٱللَّهِ مُبَيِّنَٰتٖ |
| * Akka warra amanee, waan gaarii dalage baasuf. | لِّيُخۡرِجَ ٱلَّذِينَ ءَامَنُواْ وَعَمِلُواْ ٱلصَّٰلِحَٰتِ |
| *Dukkana kufri'irraa , nuura ,ifaa iimaanatti baasuf nabi Muhammad ergee qur'aana buuse. | مِنَ ٱلظُّلُمَٰتِ إِلَى ٱلنُّورِۚ |
| *Namni Rabbi dhugo'oomsee, waan gaarii inni itti ajaje dalagee ,waan inni irraa dhoowwerraa dhoowwame, fagaate | وَمَن يُؤۡمِنۢ بِٱللَّهِ وَيَعۡمَلۡ صَٰلِحٗا |
| *Jannata lagootin keessa yaatu isa seensisa. | يُدۡخِلۡهُ جَنَّٰتٖ تَجۡرِي مِن تَحۡتِهَا ٱلۡأَنۡهَٰرُ |
| *Kan zalaalamii jannata san keessa jiraatanii , qanani'an . | خَٰلِدِينَ فِيهَآ أَبَدٗاۖ |
| 11}*Rabbiin dhugumaan rizqii isaaf bal'ise . sun rizqii jannataa tan addaan hin cmnee, | قَدۡ أَحۡسَنَ ٱللَّهُ لَهُۥ رِزۡقًا ١١ |

ٱللَّهُ ٱلَّذِى خَلَقَ سَبۡعَ سَمَٰوَٰتٍ

*Rabbiin , isa samii torban uume .

وَمِنَ ٱلۡأَرۡضِ مِثۡلَهُنَّ

*Kan dachii,tan akka sami'itti torbaa uume . torban akkuma sami'itti wal gubbaa jirtu.

يَتَنَزَّلُ ٱلۡأَمۡرُ بَيۡنَهُنَّ

*Kan jibriil samii torbaniifii , dachii turban jidduu bu'ee bayu .

لِتَعۡلَمُوٓاْ أَنَّ ٱللَّهَ عَلَىٰ كُلِّ شَيۡءٖ قَدِيرٞ

*Wanni Rabbiin waan uume san, amrii isaa tan samii torbaniifii,dachii torban jidduu baatee, buutu, isinii dubbateef, akka Rabbiin , waa hundarratti dandayaa beytaniifi .

وَأَنَّ ٱللَّهَ قَدۡ أَحَاطَ بِكُلِّ شَيۡءٍ عِلۡمَۢا ١٢

**I2}***Akka ammallee Rabbiin beekkomsa isaatin, waa. hundaan marsee baytaniifi . kan wanni takka tan isarraa dhokattu hin jirre